

سُورَةُ فَصَّلَاتٍ  
Suuraa Fusgilat

\*Dura dursoo suuran tun {Fusgilat} je'amti.

قبل كل شيء هذه هي سورة فصلت

\*Isiin suuraa makkaati .

وهي مكية

\* Aayaanni is'ii shantamii afuri {54}

وآياتها ( ٥٤ ) آية

\*Lakkooyisi is'ii afurtarnii tokko {41}

وترتيبها ( ٤١ )

\*Isiin eega suraa {ghaafirii} buute

نزلت بعد سورة غافر

Jalqabni maqaa rabbii rahgmata xiqq-  
a'aa guddaa qabuutii .

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} \*Jecha {hga miim} je'u kana, rabb-  
umaatu waan itti fedhe beekhaa,

حَمْدٌ

2} \*Wanni rabbii rahgmata qaburraa na-  
bi muhammadirratti buufame

تَنْزِيلٌ مِنَ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Qur'aana aayaanni isaa, adda babaafa-

كِنْدٌ فَصَّلَتْ آيَاتُهُ.

mte, tan gariin heera, gariin qissaa, gariin gorsa, tan gariin rabiifii sifa  
isarraa. gariin uumaa dachiii sarni'ii, gariin uumaa namaatifii waan isa-  
anii je'ee uumefii, waan birallee dubbattu.

\*Qur'aana afaan arabaatin buufame.

قُرْآنًا عَرَبِيًّا

3} \*Akka kuffaarri arabaa, kan afaan ka-  
na beekhu amanuuf, waan kufriin isa-  
anii jabaatuu keessa, odoo afaan biraatin  
qur'aanni isaanirratti qara'amee hin am-  
anneef

لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ

\*Quraana isaan gammachiisu. jannata  
isaanii himee

بَشِيرًا

\*Qur'aana ,ibiddaan isaan sodaachisu.  
Rabbiin buuse. akka ummanni arabaa  
turjumaan malee beekhee qajeeluf.

وَنَذِيرًا

\*Haa tayuu quraana rabbiin isaanii laa-  
ffise kana. irra hedduun kuffaara araba  
makkaa, qeebaluu dideeti. irraa gara  
galee

فَاعْرَضَ أَكْثَرُهُمْ

4} \* Kuffaarri {araba} Makkaa , quraana kana dhageytii fudhatu'uu . qeebaluuu hin dhagayan .

فَهُمْ لَا يَسْمَعُونَ ﴿٤﴾

\*Wanni isaan nabi Muhammadiin jean qalbiin teenya daboollaa keessajirtii .

وَقَالُوا قُلُوبُنَا فِيْ أَكِنَّةٍ

\*Waan ati itti nu yaamtu kanarraa wanni qalbii teenya seenaa hin jirtuu , Rabbiin tokkoon ati nuunjettu nuun galu .

مِمَّا نَدْعُونَآ إِلَيْهِ

\*Ammas gurri keenya duudaadhaa waan ati jettu hin dhageenyu .

وَفِيْ ءَادَانِنَا وَفُرُ

\*Nuufii si jidduu, hijaaba, yookaa gird-

وَمِنْ بَيْنِنَا وَبَيْنِكَ حِجَابٌ

o'ootu jira.nuti { diinaa lsi jala deemuu , nu dhoowwu,kan abbootii teenyarraa dhaalle qabnaa atis{ diinaa } nu jala deemuu si dhoowwu qabdaa, { hijaaba } jechuun kanaa

\* Ati diinaa keetitti dalagi .

فَاعْمَلْ

5} \*Nutis akka diinaa keenyatti dalaynaa .nabi Muhammadiin je'e ormi kufara makkaa.

إِنَّا عَمِلُونَ ﴿٥﴾

\*Duuba rabbiin nabi muhammadiin akki je'e:akki orma kuffaaratiin jettu

قُلْ

\*Dhagayaa: yaa jarana an namuma akka keessaniitii.

إِنَّمَا أَنَا بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ

\*Haa tayuu Rabbiin waan gabroota isaa barsiisuu fedhe narratti buusee, wannin an itti is in yaamu waan aylii gaxxamu malee, waan ayliin didduu mitii wanni rabbiin isinitti geessu'utti na ajaje .

يُوحَىٰ إِلَيَّ

\*Rabbiin keessan, kan isin uume, rabbii tokkicha jechu'uu .

أَنَّمَا إِلَهُكُمُ إِلَهُ وَحْدٌ

\*Gara karaa rabbii tokkicha qajeelaa, itti amana'aa, waan inni je'u, dhagaya'aa

فَأَسْتَقِيمُوا إِلَيْهِ

\*Dilii,yookaa cubbuu hunhundarraa , araara irraa barbaadaa. inni,nama ball-eessa'arra. jallinarraa.gara isaa deebi'eef ni araaramaa.

وَأَسْتَغْفِرُوا لَهُ

6} \*Warra rabbii tokkicha dhiisee, waan biraa ibaaduf ,azaaba jaba'aatu jira .

وَوَيْلٌ لِّلْمُشْرِكِينَ ﴿٦﴾

\*Isaan warra{ laa ilaaha illallaahu} hin jenne, kan horii isaatiin, yookaa zakkaadhan, nama waan qabne, hin gargaarre. duyn'a .haqa irra jiruun hin dhaabbanne .

الَّذِينَ لَا يُؤْتُونَ الزَّكَاةَ

7} \* Isaan warra aakhira'atti kafare ,kan qiyaaman ni dhuftii hin yaanne,

وَهُمْ بِالْآخِرَةِ هُمْ كَافِرُونَ ﴿٧﴾

\*Ammoo warri rabbii tokkichatti amanee waan gaarii dalage.

إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

8} \*Isaan aakhira'atti sawaaba addaan hin cinne qaban

لَهُمْ أَجْرٌ غَيْرُ مَمْنُونٍ ﴿٨﴾

\*Orma kuffaaratiin akki jettu :

قُلْ

\*Si isin ni kafartanii .

أَيُّكُمْ لَتَكْفُرُونَ

\*Waaqa dachii guyyaa lama keessatti alhadaafii isiniina keessatti uumetti kafartanii? ni mororntanii ?

بِالَّذِي خَلَقَ الْأَرْضَ فِي يَوْمَيْنِ

\*Shariika ,yookaa hiriyyaa isaafgootanii,

وَيَجْعَلُونَ لَهُٓ أَنْدَادًا

9}\*Kan isin itti kafartan sun Rabbii waa hunda uumee kan waa hunda qabu waan inni uumee qaburraa. Dachii guyyaa lama keessatti uume .

ذَٰلِكَ رَبُّ الْعَالَمِينَ ﴿٩﴾

\*Kan dachii keessa. dudda isi'irratti ,garrantii gurguddoo teessu, tan dachii soss-o'uu dhoowwitu uume .

وَجَعَلَ فِيهَا رُوسًا مِّن فَوْقِهَا

\*Kan dachii tana keessa, barakaa kaaye.

وَبَرَكَ فِيهَا

\*Rabbiin kan dhiyana, yookaa waan

وَقَدَّرَ فِيهَا أَقْوَاتَهَا

jiraataniin lafa tanarra goode. biyya hundaaf waan malu, waan isii malee bitti biraa hin baafne isi'ii kennee. rabbiin kan,nama uumee,waan isaan nyaatanii, dhugan, lafa tanarratti isaanii uume. Kan isaan hin hanqanne . wanni Rabbiin nyaatafii dhugaatiirraa uume , odoo hangamuu namni heddommaatee isaan hin hanqattuu, namni beela a jecha, du'u hin jiru. haa tayuu wanni nyaataa dhugaatii akka biyyeen taatun biyya addaaddarra qoodameeti waan san walirra qoodanii waliin gayuun, jabaatti. wanni Rabbiin waan san adda addaan biyya adda adarra qoodef, odoo namuufuu waan itti haajamu biyya isaanii keessatti isaanii uumuu

dandayuu , akka naggadaaf olii gad deemanii , horii dalagatu 'urratti nama mirqaansu' uufi .

\*Rabbiin waan namaa saani jiraatun guyyaa afur keessatti uume,sun guyyaa lamaan duraa wajji afurii: salaasaaafii arbi'aadhaa .

فِي أَرْبَعَةِ أَيَّامٍ

10} \*Wanni jenne kun, jawaana deebisaa guutuu taya warm, uumaa dachi`-iitifii ,waan isii keessatti uumamerraa gaafatuuf.

سَوَاءٌ لِّلسَّالِبِينَ ﴿١٠﴾

\*Eegasii sarnii uumuu fedhe

ثُمَّ أَسْتَوَىٰ إِلَى السَّمَاءِ

\*Isiin aaraa .

وَهِيَ دُخَانٌ

\*Duuba Rabbiin samiiifii dachiin akka je`e

فَقَالَ لَهَا وَالْأَرْضِ

\*Waanin,an isinirraa fedhu ,tolaa dirqitti dhagayaa . dalagaa jeeen .

أَتَيْنَا طَوْعًا أَوْ كَرْهًا

11} \*Jennaanin samiiifii dachiin waan nu keessa jiruun wajji dubbii tee dhageenyee siif gadjenne .jean .

قَالَتَا أَتَيْنَا طَائِعِينَ ﴿١١﴾

\*Duuba Rabbiin samii torba godhee uume.

فَقَضَّاهُنَّ سَبْعَ سَمَوَاتٍ

\*Guyyaa lama keessatti sun guyyaa

فِي يَوْمَيْنِ

khamiisaatifii jum 'aadhatii , kan saa 'aa booda keessatti irraa raawa 'ate. kan asrii jurnaadhaa keessatti { adam } uume,akkana jechuun adam, guyyuma akkasuma, saama.samiin keessatti uumamte ,san ,uumame jechu'uu mitii, guyyaa akkasii keessa, saaaa akkasii keessa ,uumame jechu' maalif uumaa addamiifii ,uumaa samii jidduu ,bara kuma mee qaatamtu , jiraa Rabbiin dachiifii sarnii'ifii ,waan isaan lamaan keessa jiru, guyyaa jaha keessatti uumun , odoo waytii xiqqoo, inumaa { tayi } jechuun , taasisuu dandayuu, akkaataa dalagaaa.gabroota isaa, barsii su'uufi .akka jarjararraa,fagaataniif. ammas gafa samiidhafii,dachii uumu gyyaan hin jiruu,guyyaa jaha keessatti .waan san uume jechuun: hanga gyyaa jaha jechu'u .mu'tamanni guyyaan jahan sun ,guyyuma akka guyyaa keenyaa kana.asitti wanni beekkame Rabbiin dura bishaan uume . duuba bishaan sanitti oowa gad lakkisee ,danfee hoomachaa-yye ,aare. aara sanirraa samii uumee,hoomocha sanirraa dachii uume.haa tayuu dachii hin balifnee, kurfaa lakisee , eega samii uumee balise .

\*Rabbiin samii hunda keessatti waan fedhe uume, aduu, ji'a, urjii, waan kana fakkaatu, ammallee malaaykaa .bahara, gaara .hancabi'ii ammallee ajaja isaa. Samii hunda keessatti, awaajee, jira

\*Samii addunya'aa, tan lafatti gadaantu, urji'iin bareechinee jirra.

\*Ammallee shayxaanarraa eeynee jirra sheyxaanni ol dhiyaatee, waan warri samii'ii je'u, dhagayu'urraa isii tiysine, sheyxaana ol dhiyaate ibidda urji'irraa qabsiifameen darbinee.

12} \*Wanni dubbanne sun, waan rabbi jabaan, beekhan ,dalage,lekkiisee .

\*Duuba kuffaarri yoo iimaanarraa gara gale, odoo haqa tayuu arganuu.

\* An, isin, dinniinee isin sodaachise.

\*Bakhakkaan isinitti bu'uu. iyyansi yookaa balaan isinitti bu'uu, isin sodachise ji'iin.

\*Balaan akka ummata kgaaditti buutee kan qilleensa jabaa, waa hunda dirgim godhu, isinitti ergee, halkan torbaafii, guyyaa saddeet irraa oolee bulee, lafaarraa isaan fixe.

13} \*Takkaa azaaba akka azaba ummata thamuuditti bu'ee, isin sodaachisee, akka jara sanitti, akka hin banne, amanaa.

\*Gaafa ergamoonni, jara sanitti ergine, itti dhufee .

\*Itti gara galanii fuula duraan gorsanii,

\*Irra gara galanii gorsanii haala maraan duraa duuban, itti dhufanii, qajeelchuu-dhaf tattaafata godhan ,haa tayu ergamoota qeebaluu didaniiti, dhugo'oomsuu didanii, kafaran .

وَأَوْحَىٰ فِي كُلِّ سَمَاءٍ أَمْرًا

وَرَبَّنَا السَّمَاءَ الدُّنْيَا بِمَصْبِيحٍ

وَحِفْظًا

ذَٰلِكَ تَقْدِيرُ الْعَزِيزِ الْعَلِيمِ ﴿١٢﴾

فَإِنِ اعْرَضُوا

فَقُلْ أَنذَرْتُكُمْ

صَعِقَةً

مِثْلَ صَعِقَةِ عَادٍ

وَتَمُودَ ﴿١٣﴾

إِذْ جَاءَهُمُ الرُّسُلُ

مِّنْ بَيْنِ أَيْدِيهِمْ

وَمِنْ خَلْفِهِمْ

\*Wanni ergamoonni rabbii Rabbii orma  
saniin jee.Rabbii tokkicha malee waan  
biraa hin gabbarinaa muka, suuraa, na-  
ma ,jinni sanama ,hin ibaadinaa jeaniin

\* Jennaanin ummanni sun wanni jeeen :  
Rabbiin odoo nu qajeelchuu fedhee

\*Silaa nama nuttin erguu , malaaykaa  
buusee nutti erga

14} \*Tanaaf jecha nuti waan isin Rabb-  
iitu nuun erge jettanitti kafarre. hin dhu-  
gootinsinu jeanii jallinarratti goggogan

\* Ammoo ummanni {aad} kan { iram }  
jeaman. kan hadrarnowtifii, gaafa afrk-  
a`aa bulchuu turan. kan nabi { huud }  
itti ergame

\*Haqaan maleetti addunyaa tanarratti if  
guddisanii qooqan .

\*Nabiyyiin isaanii azaaban isaan soda-

chifnaan , wanni isaan jean : eenyu namni nurra jabaaa , kan waa nu go-  
dhuu dandayu jean . akkana jechuun isaanii namni nurra jabaadhaa hin  
jiru jechuu . ormi sun jabeenya keessa, tokkoon isaanii dhagaa guddaa {  
siidaa } akka biraa, gaaraa buqqiseeti, fuudhee kophaa isaa bakka fedhu  
kaaya . akkana seyutti ornoon harallaa je' amtu warruma jara sanirraa  
hafa .haa tayuu akka ibnu abbaas jeutti irra gabaaban { iramiyyoota }  
sanii , dhuudhuma jahaatama duuba isaan , eenyutu nurra jaboo ,jenn-  
aan, Rabbiin akki jee .

\*Si jarri sun hin beynee .

\*Akka Rabbiin yookaa waaqni isaan  
uume

\*Inni isaanirra jabaa taye .

15} \*Isaan mukgjizaa nuti, haqa isaan  
agarsiisu'uuf itti finne, mara moromuu  
turan

\*Duuba qilleensa isaanitti ergine

\*Qilleensa amadaya, akkaan qabbana-  
ayu .kan didichee .bubbisu.kan Rooban  
qabne

أَلَا تَعْبُدُونَ إِلَّا اللَّهَ

قَالُوا لَوْ شَاءَ رَبُّنَا

لَأَنْزَلْنَا مَلَائِكَةً

فَأَنَّا بِمَا أُرْسِلْتُمْ بِهِ كَافِرُونَ ﴿١٤﴾

فَأَمَّا عَادٌ

فَأَسْتَكْبَرُوا فِي الْأَرْضِ بِغَيْرِ الْحَقِّ

وَقَالُوا مَنْ أَشَدُّ مِنَّا قُوَّةً

أُولَئِكَ يَرَوْنَ

أَنَّ اللَّهَ الَّذِي خَلَقَهُمْ

هُوَ أَشَدُّ مِنْهُمْ قُوَّةً

وَكَانُوا بِآيَاتِنَا يَجْحَدُونَ ﴿١٥﴾

فَأَرْسَلْنَا عَلَيْهِم رِيحًا

صَرَّصَرًا

\*Guyyoota farrisaa faana isaanitti hin tolin keessa itti gad lakkifue, arabiaa dhurna shawwalirraa hanga arbi`aa kaanitti sun halkan {7} guyyaa {8} tii

\*Azaaba xiqqeenyaa, addunyaarratti isaan dhandhamsiisu'uuf jecha .

\* Ammoo azaaba aakhiraatti isaaneeggatuutu, irra jabaa. irra isaan xiqqeessa.

16} \*Isaan azaaba sanirraa hin dhowaman namni isaanii dirmatee azaaba san jalaa najaa isaan baasu, hin jiru

\*Ammoo ummanni samuud karaa haqaa isaanii addeessineeti ,

\*Haa tayuu karaa kufrii, karaa qajee-lloorra jaalatanii , maraxatan .

\*Duuba bakhakkaan azaabaa , isaan fuute.

\*Balaan yookaa azaabni ,isaan xiqqeesu lafarraa isaan fixe. hanga { huudifii } saalihiin, wajji amane malee ,sun kum afur ,afurii isaan najaa bayanii

17} \*Wanni Rabbiinjara kafare san lafarraa fixeef ,sababaa balleessaa isaan dalaganiifi .

18} \*Kan warra amanee Rabbi sodaate balaa sanirraa nagaya baafne isaan huudifii saalihii,warra isaan lamaanin wajji amanee

\*Guyyaa warri Rabbitti balleesse gara ibiddaa oofamu,kan dirree qiyaamaatti walitti qabamu , dubbadhu .

19} \*Warri ibiddaa sun. hoggaa gara dirree qiyaamaa oofaman, hayyifamaati , waliin eega`aa oofaman.

\*Hanga hoggaa dirree qiyaamaa bakka itti waan addunya`arratti dalaganirraa gaafataman , dhufan .

فِي أَيَّامٍ نَّحْسَاتٍ

لِنُدَبِقَهُمْ عَذَابَ الْخِزْيِ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

وَلِعَذَابٍ آخِرٍ أَخْرَىٰ

وَهُمْ لَا يُصْزَرُونَ ﴿١٦﴾

وَأَمَّا تَمُودُ فَهَدَيْتَهُمْ

فَأَسْتَحَبُّوا الْعَمَىٰ عَلَى الْهُدَىٰ

فَأَخَذْتَهُمْ صَاعِقَةً الْعَذَابِ

أَهُونَ

بِمَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿١٧﴾

وَجَعَلْنَا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَكَانُوا يَنْقُوتُونَ ﴿١٨﴾

وَيَوْمَ يُحْشَرُ أَعْدَاءُ اللَّهِ إِلَى النَّارِ

فَهُمْ يُوزَعُونَ ﴿١٩﴾

حَتَّىٰ إِذَا مَا جَاءُوهَا

\*Gurri,dilii yookaa cubbuu ,isaan gurr-  
aan dhagayaniin ,ragaa itti bayutti .

شَهِدَ عَلَيْهِمْ سَمْعَهُمْ

\*Ijjinis waan garteen ragaa itti baatutti .

وَأَبْصَرَهُمْ

\*Gogaan isaanii,hundi kan { qaawa }  
jalaa tayuu , kan qaama hunda tayuu  
raga isaanitti bayutti

وَجُلُودَهُمْ

20} \*Waan isaan dalagan hundaan ragaa  
itti bayan nama zinaa dalage, qaamni  
ragaa itti baya ,

بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٢٠﴾

\*Duuba wanni kuffaarri qaama isaan-  
itiin yookaa qola isaanitiin je`an .

وَقَالُوا لَجُلُودِهِمْ

\*Maalif raga nutti baatan? isin human hin  
dubbannee maaltu ara is in dubbise janiin

لِمَ شَهِدْتُمْ عَلَيْنَا

\*Duuba humniti isaanii, wanni isaanii  
deebiftu,Rabbii waa hunda dubbiseetu,  
kan humna qaamaa, kan arraba je`amu  
faa, dubbiseetu nu dubbise janiin .

قَالُوا أَنْطَقَنَا اللَّهُ الَّذِي أَنْطَقَ كُلَّ شَيْءٍ

\*Rabbiin isa isinii hin jirre isin uumee  
,duuba kan is in uumuu dandayeetu nu  
dubbisee nuti dubbatuun waan nama  
dinquu miti , Rabbiin waan fedhe,akka  
fedhetti argamsiisuu dandayaa

وَهُوَ خَلَقَكُمْ أَوَّلَ مَرَّةٍ

21} \*Gara Rabbiin isin uumeti deebitan

وَالِيهِ تُرْجَعُونَ ﴿٢١﴾

\*Hoggaa dilii dalaydan dhukatuu hin  
dandeessan.

وَمَا كُنْتُمْ تَسْتَرُونَ

\*Gurri keessan ragaa isinitti bayu'urraa,

أَنْ يَشْهَدَ عَلَيْكُمْ سَمْعُكُمْ

\* Ammallee ijji teessan isinirratti ragaa  
bayu'urraa

وَلَا أَبْصَرُكُمْ

\* Ammallee corraan yookaa humniti te-

وَلَا جُلُودُكُمْ

essan hundi ragaa isinitti bayu'urraa dhukatuu hin dandeessan wanni  
humniti namatti ragaa bayuu .jalaa bayaniin, diluma dalaguu dhiisuu  
malee karaa biraatin irraa dhukatuu hin dandeessan

\*Haa tayuu isin hoggaa dhokattanii dilii  
dalaydan wanni seetan

وَلَكِنْ ظَنَنْتُمْ

22} \*Akka Rabbiin waan hedduu nama-  
rraa dhoysitanii dalaydan hin beyne .  
seetanii ,dhokattanii,dilii dalaydan

أَنَّ اللَّهَ لَا يَعْلَمُ كَثِيرًا مِمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٢٢﴾



\*Sun seyiinsa badaa Rabbii keessanitti seetan waan isaan hin malle.

وَذَلِكُمْ ظَنُّكُمُ الَّذِي ظَنَنْتُمْ بِرَبِّكُمْ

\*Duuba siyiinsi badaan isin Rabbiin nun ,arguu seetan sun, isin balleessee jira .

أَرَدْتُمْ

23} \*Sababaa, saniin warra hoongayerraa

فَأَصْبَحْتُمْ مِنَ الْخَاسِرِينَ ﴿٢٣﴾

taatan, Rabbiin rahgmata naa godhaa seyuun, waan gaarii .inumaa ni barbaadama, akka Rabbiin hadiisa qudsii keessatti an, waan gabrichi kiyya narraa eeggatun godheef, jee , nuu hime kheyrii tayuu sharri, tayuu ammoo waan Rabbiin hin malle Rabbitti yaadun, Rabbiin nan argu, rahgmata naan godhu , waan hamtuu natti dalagu'uu deemaa yaadun .wa an badii zalaalamiii keessa nama buusu muminni rahgmata Rabbirraan duroomu , kennaa Rabbirraa garaan muratu dilaayu araara Rabbirraa , garaa hin muratu. namni hogguma, takkallee Rabbirraa duroomuu , takkaa Rabbiin na miidhaa yaadu , inni warra ibiddaati .

\*Warri ibiddaa obsanuu, obsuu baatanuu

فَإِنْ يَصْبِرُوا

\*Ibiddi mana isaanitii bakka irraa itti dheysan hin qaban .

فَالنَّارُ مَثْوًى لَّهُمْ

\*Yoonif Rabbiin isaanirraa jaalatuu barbaadan, dhiifarna irra barbaadan ,

وَإِنْ يَسْتَعِيبُوا

24} \*Isaan warra Rabbiin irraa jaalatuu miti, warra dhiifamni isaanii godhamuu miti .

فَمَا هُمْ مِنَ الْمُعْتَبِينَ ﴿٢٤﴾

\*Isaanif gopheessinee jirra

❖ وَيَقِضْنَا لَهُمْ

\*Hiriya badduu tan bakka tokkattillee isaanin addan baane. shayxaanafii nama afii ,lubbuu isaanirraa isaanif waahela qopheessinee jira .

قُرْآنًا

\*Duuba hiriyaan badduun sun waan dilii ,tan addunyaa tanarra jirtu, itti bareechanii waan cubbu'uu jaalachiisanii dalaysiisan

فَزَيَّنُوا لَهُمْ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ

\*Ammas waan dilii aakhiraaa taye, waan kufrii taye , itti bareechisaniib .dalaysiisan, kafarsiisanii

وَمَا خَلْفَهُمْ

\*Duuba firdiin yookaa murtiin Rabbii itti raggaatee dhiyana ibiddaa tayan

وَحَقَّ عَلَيْهِمُ الْقَوْلُ

\*Ummata kuffaaraa kan isaan dura da-  
breen wajji .

فِي أُمَّةٍ قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهِمْ

\*Jenni'iifii namarraa.

مَنْ الْجِنِّ وَالْإِنْسِ

25 } \*Isaan warra hoongayan , warra  
bade

إِنَّهُمْ كَانُوا خَسِرِينَ ﴿٢٥﴾

\*Kuffaarri makka hoggaa nabi Muham-

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

mad, quraanni.irratti buee.qara'u namni qaraatii isaa dhagayu.hundi kuf-  
faarraa , odo if qaba hin qabaanne ,wanni quraanni jeu qalbii buuti.  
Yookaa fuuti . duuba kuffaarri wanni walii dhaame

\*Qaraatii quraana kanaa, hin dhagayi-  
naa ,diin keessanirraa isin deebisaa .  
dhagaa ibaaduurraa isin dhoowwaa

لَا تَسْمَعُوا لِهَذَا الْقُرْآنِ

\*Yoommoo , dingata dhageessan,itti  
wacaa , itti gooyaa.

وَالْعَوَّافِيهِ

26} \*Akkanatti injifattanii .qarauu dho-

لَعَلَّكُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٢٦﴾

owwun kajeelamaa, hoggaa isin itti waecan qaraatiirraa dhaabbatuun ni  
kajeelamaas .waliin, jean kun argamuun gaafa nabi Muhammad ,kophaa  
isaa, makka keessa jiru . kan kuffaaran Ioluutti hin ajajamin .kan quraa-  
numa namarratti qara'ee, islaarnatti nama yaamu.kan namni arabaa . qur-  
aanuma dhagayuuun ,islaamayu.duuba kuffaarri Makkaa ,islaamarraa  
nama dhoowwu'uuf jecha quraana hin dhaggeeffatinaa dhaggeessan itti  
wacaa itti gooyaa jean duuba Rabbiin jara akkas jeeffii kan dalagerraa  
dubbatee akki jee .

\*Warra Rabbitti kafare san azaaba ja-  
baa isaan dhandhamsiisuuf teenya,

فَلْيَذِيقَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا عَذَابًا شَدِيدًا

\*Jazaa isaanii galchuu hin oollu .

وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ

27} Irra hamaa jazaa waan isaan da-  
laganii ,

أَسْوَأَ الَّذِي كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٢٧﴾

\* Azaaba jaba jaza fukkataa isaanii  
galchuun sun

ذَلِكَ

\*Jazaa aduwwii rabbiiti yookaa qixaaxa  
warra rabbitti balleeseti .

جَزَاءُ أَعْدَاءِ اللَّهِ

\*Qixaan'i isaanijazaan isaanii,ibidda  
jahannami.

النَّارِ

\*Ibidda san keessa mana teessumaatu  
isaanif jira, kan irraan siyn'e,

لَهُمْ فِيهَا دَارُ الْخُلْدِ

28} \*Waan ormi kuffaaraa sun aayata keenya, yookaa qur'aana keenya moromaniifi jecha .

جَزَاءِ يَمَا كَانُوا بِآيَاتِنَا يَمْجِدُونَ ﴿٢٨﴾

\*Warri rabbitti kafaree ibidda seene, isaanii ibidda keessa jiru, akki je'an:

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Yaa rabbii keenya,jara lamaan , jinni`-

رَبَّنَا أَرْنَا الَّذِينَ ضَلَّوْنَا مِنْ الْيَمِينِ وَالْإِنْسِ

iifii, namarraa, nu jallise, nu garsiisi, warri isaan arguu barbaadan sheyxaanafii ilma aadam { Qaabiili } sheyxaanni: nama dura dursoo rabbi moromoo waan inni je'u diduu, yookaa rabbitti kafaruu, karaa godhe, ammon {qaabiil} ilmi aadam: nama dura dursoo ajjeechaa,karaa godhe, obboleessa isaa haabiil ajjeessee mee jara lamaan san nu garsiisi, je'an .

\*Ibidda keessatti miilan irra deemnaa

بِعَمَلِهِمَا تَحْتَ أَقْدَامِنَا

29} \*Akka warra nurra, akkaan qixaaxamu tayaniif ,akka warra akkaan xiqqaate tayaniif .

لِيَكُونَا مِنَ الْأَسْفَلِينَ ﴿٢٩﴾

\*Warri rabbiin keenya { waaqa } je'ee, amanee, tokkumma isaa beekhee,

إِنَّ الَّذِينَ قَالُوا رَبُّنَا اللَّهُ

\*Eegasii heera waaqatti dalage , warri waan rabbiin nabi muhammadirratti buuseti amane,kan qur'aanafii hadiisan qajeelanii dalagan.

ثُمَّ اسْتَقَمُوا

\*Malaaykan hoggaa isaan du'utti jiran ,buuteti,itti dhufti .isaan gammachiisu'uuf jecha.wanni isaanin jettu:

تَنَزَّلُ عَلَيْهِمُ الْمَلَائِكَةُ

\*Du'aafii, waan du'a boodaIlee hin sodaatinaa, bakka gaari'itti deemtanii

أَلَّا تَخَافُوا

\*Waan addunya'arratti dhiiftaniif hin yaaddayinaa.waan akka warraa, jooll-e'ee, fa'aaf hin rakkatinaa. Nuutu keessatti isiniifhafa.

وَلَا تَحْزَنُوا

30} \*Jannata rabbi in baallama isinii seenen ,gammadaa.

وَأَبَشِرُوا بِالْجَنَّةِ الَّتِي كُنتُمْ تُوعَدُونَ ﴿٣٠﴾

\*Nutu owliyoota keessan kan addunya'arratti isin tiysu. kan rabbiin isin tiysu' uuf nu rnaddabee.kanneen hanga addunya'arraajirtan isiniin wajji jirruu,

نَحْنُ أَوْلِيَاؤُكُمْ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

\* Aakhira'attis isiniin wajji jirraa hanga

وَفِي الْآخِرَةِ

jannata seentanittii, hin yaaddawinaa

\* Jannata san keessa.

وَلَكُمْ فِيهَا

\*Waan lubbuun teessan jaalattu hundaatu isiniif jiraa, waan takkaa ijjin argin. Kan gurri hin dhagayin. kan tak kaa qalbii namarraa hin bayin hunda argattanii.

مَاتَتْهَا أَنْفُسُكُمْ

31} \* Jannata keessa, waanuma barbaaddan hundaatu isiniifjiraa .

وَلَكُمْ فِيهَا مَا تَدْعُونَ ﴿٣١﴾

\*Sun rizqii isiniif qophooyte, akka namni keessumma'aaf qophaayutti.

نَزُلًا

32} \*Waaqa namaaf araaramee, rahgmata namaaf godhurraa, isiniif kenname

مِنْ غَفُورٍ رَّحِيمٍ ﴿٣٢﴾

\*Eenyu namni jechaan irra bareedu?

وَمَنْ أَحْسَنُ قَوْلًا

\*Nama karaa rabbitti nama yaamerra

مِمَّنْ دَعَا إِلَى اللَّهِ

\*Kan waan gaarii dalagee, waan hamtu'urraa fagaatee.

وَعَمِلَ صَالِحًا

33} \*An warm islaamarraayi je' ee jech-

وَقَالَ إِنِّي مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٣٣﴾

alle`een mulise namni nama kanarra gaari'ii, hin jiru. namni karaa islaamatti nama yaamu, nama guutuu tayuu. kan towhgiidafii, fiqhii beeku, kan waan beekutti dalagu, kan jechaafii, waan dalaguun, karaa rabbi nama harkisu tayu' . warri beekkomsa dhuga'aa qabu akki je'u: nama haalli isaa waan gaari'itti sin kaafne, kan jechi isaa karaa rabbii sin qajeechine, jaala hin godhatin, je'an .ammay yaa obboleessoo waan itti nama yaamtu dhiiftee, waan irraa nama dhowwitu dalaguun fafa warra karaa rabbitti nama yaamuti .

\*Kheyriin hundi, yookaa wanni gaarin hundi ,gati'iin ,yookaa daraja'aan wal qixaa mitii. wal daddabarti.

وَلَا تَسْتَوِي الْحَسَنَةُ

\*Sharriin, yookaa wanni hamtuun hundi

وَلَا السَّيِّئَةُ

akka tokkoo miti. yookaa wal qixaa mitii, wal daddabarti. Akkasuma namni waan gaarii dalagu, hundi isaanii, darajaadhan wal qixaa miti. irra caalaan namaa, nama irra caalaa waan gaari'ii dalage .. irra gidi galoon namaa, nama irra guddoo waan hamtu'uu yookaa diliin dalage,

\*Yoo namni waan hamtu sitti dalage

أَدْفَعُ بِأَلْتِي هِيَ أَحْسَنُ

ati waan gaarii.haala gaarii, dalagee ifirraa deebisi. isaan wal qixxaat-tee waan hamtuu ittin dalagini, dallansuu, obsaan deebisi. balleessaa irra dabru'uun, yookaa dhiifama isaa godhu'uun, deebisi, nama si dhoowwatee kennitee, nama ifirraa si mure maxxanfatee, nama si mii-dhee, dhiifama godhuun haala akkaan gaari'iiti .

\*Yoo nama sitti balleessetti tolte, yoo haala gaari'in haala hamaa deebifte, wanni ati gartu, nama siifii isa jidduu wal diddaan jirtu, kan xilaatumma'aaf si eeggatuu ture, aduwwummaan irra deemtee, si jaalatuu keessa ,

34}\*Akka jaala kee, kan akkaan sitti dhiyaatu, taye, garta. kan jaala dhuga'aa, kan si fayyadu'uuf if dararu. kan rakkoodhaa si baasu'uuf if rakkisu, tanyuu, isaa gartaa.

\*Haala gaarii,xilaata jaalatti gara galchu , kana sun hamtuu gaari'in deebisu'uu namni argatu hin jiru

\*Warra obsa qabu yoo taate malee.

\*Darajaa guddoo san namni argatu hin jiru .

35}\*Nama hiree,gaarii guddoo qabu malee .nama haala guutuu,amala gaarii qabu malee, hin argatu .

\*Yoo haala gaarii siif dubbanerraa, yoo waan hamtuu waan gaari'in deebisudharraa sheyxaanni si dhoowwe, si waswaasee hamtuu hamtu'uun deebisu'utti si kaase.

\*Sheyxaanarraa rabbitti maganfadhu

shariin sheyxaanaa takka: hoggaa namni tokko sitti balleesse.

Dallansuu sitti darbu'. duuba namni tokko hoggaa dallansuun sheyxaanarraa itti dhuftu. Yaa rabbi balaa sheyxaanarraan sitti maganfadhha, haa je'uu. yoo irraa deemuu baatte, haa cal'isuu, yoo irraa deemuu baatte, yooka dhaabbatu taate, haa taa'uu, yeo kan taa'u taate, haa ciisuu. yeo kana hundaan aarri irraa deemuu baate. bakka sanii ka'ee haa deemuu. karaan rabbi in dallansuu namarraa deemsisu'uu kaaye, kanaa. yoo karaa

فَإِذَا أُلِّدَىٰ بَيْنَكَ وَبَيْنَهُ عَدَاوَةٌ

كَأَنَّهُ وَلِيُّ حَمِيمٍ ﴿٣٤﴾

وَمَا يُلْقَاهَا

إِلَّا الَّذِينَ صَبَرُوا

وَمَا يُلْقَاهَا

إِلَّا ذُو حَظٍّ عَظِيمٍ ﴿٣٥﴾

وَأِمَّا يَنْزَغَنَّكَ مِنَ الشَّيْطَانِ نَزْعٌ

فَأَسْتَعِذْ بِاللَّهِ

kana deeman, rabbiin sharii sheyxaanaa namarraa demsisaa. Yookaa deebi`

\*Rabbiin kan waan gabrichi je'u dhagayu .

إِنَّهُ هُوَ السَّمِيعُ

36} \*Kan waan dalagamu hunda beekhu

الْعَلِيمُ ﴿٣٦﴾

\*Ragaa dandeytii rabbiitifii,tokkummaa isarraa, tokko , halkanii guyya'a,

وَمِنْ آيَاتِهِ اللَّيْلُ وَالنَّهَارُ

\* Ammallee adu'uufii, ji'a.

وَالشَّمْسُ وَالْقَمَرُ

\*Adu'uufii,ji'aaf ,hin sujuudinaa. Hin gabbarinaa.isaan lamaan rabbii mitii waanuma rabbiin, akka isin uumatti uumee.

لَا تَسْجُدُوا لِلشَّمْسِ وَلَا لِلْقَمَرِ

\*Rabbii adu'uufii, ji'a uumef sujuudaa.

وَأَسْجُدُوا لِلَّهِ الَّذِي خَلَقَهُنَّ

37} \*Yoo kan rabbi tokkicha qofa ibaddan, yookaa gabbartan taatan.waan biraa ibaaddu,yookaa gabbarruu, dhii-saa. Aduu tayuu, jinnii tayuu nama tayu

إِنْ كُنْتُمْ بِآيَاهُ تَعْبُدُونَ ﴿٣٧﴾

\*Yoo rabbii tokkicha ibaadu'urraa if guddisani, haqa didanii, waan rabbi tokkicha, ibaadu'utti,nama qajeelchu, kan akka ji'aa faa rabbii godhatanii gabbaran .

فَإِنْ أَسْتَكْبَرُوا

\*Malaaykonni Rabbii keetii Rabbii tokkicha ibaadu'urraa ifhin guddisan

فَالَّذِينَ عِنْدَ رَبِّكَ

\*Halkanii guyyaa Rabbii isaaniti ibaadan.

يَسْبَحُونَ لَهُ، بِاللَّيْلِ وَالنَّهَارِ

38} \*Isaan ibaadaa Rabbii hin hifatan

وَهُمْ لَا يَسْمَعُونَ ﴿٣٨﴾

\*Ammas ragaa tokkummaa Rabbiitifii dandeytii isarraa

وَمِنْ آيَاتِهِ

\*Ati dachii goggoyduu mayri keessan jirre garta .

أَنَّكَ تَرَى الْأَرْضَ خَاشِعَةً

\*Duuba dachiin,hoggaa rooba itti roobsine yookaa itti buufue .

فَإِذَا أَنْزَلْنَا عَلَيْهَا الْمَاءَ

\* Sossooteti .sossoo insa jabaa ,

أَهْرَتَّ

\*Ida'amtee, bokhooytee, ol fuudhamti . manaan kanaan, jiraatteti waa magarsitee wanni isiin magarsite sossoote .

وَرَبَّتْ

\*Rabbiin dachii goggoyduu jiraachisee magarsuse

إِنَّ الَّذِينَ أَحْيَاهَا

\*Akkasuma Rabbiin warra duee qabrii jiru, jiraachisee kaasa .

لَمْحَى الْمَوْتِ

39} \*Inni kan waan fedhu hunda , dalaguu dandayuu

إِنَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٣٩﴾

\*Warri aayata keenya, quraana keessatti jallatu, karaarraa bayu . quraana kijibsiisee,

إِنَّ الَّذِينَ يُلْحِدُونَ فِي آيَاتِنَا

\*Nurraa hin dhokhatanii, jazaa isaanii galchina . waan isaan dalaganirratti isaan qixaana .

لَا يَخْفَوْنَ عَلَيْنَا

\*Si nama aakhiraatti ibiddatti darbamuutu irra caalamoo ? .

أَفَنُؤْمِنُ بِاللَّغْوِ فِي السَّمَاءِ حَيْرٌ

\*Nama guyyaa qiyaamaa isaa ibidda azaabarraa najaa bayee dhufuutu irra caala ? nama ibiddarraa if amaneetu irra caala jechu'u

أَمْ مَنْ يَأْتِي ءَامِنًا يَوْمَ الْقِيَامَةِ

40} \*Waan feetan dalagaa, Rabbiin waan isin dalaydan ni argaa ni beekhaa wanni Rabbiin akkana ie`eef , isaan sodaachisuufi .

أَعْمَلُوا مَا شِئْتُمْ إِنَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٤٠﴾

\*Warri quraanatti kafare

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا بِالذِّكْرِ

\*Hoggaa quraanni itti dhufe .waan inni je'u fudhatuu didee, warra san, ni qixaana

لَمَّا جَاءَهُمْ

41} \*Qur'aanni sun, kitaabajabaa, kan nama isa dura dhaabbate hunda , injifatu . kan ifirra dhoowwu. Kan dubbiin , akka isaa hin jirre .

وَإِنَّهُ لَكَنُذْرٌ عَزِيزٌ ﴿٤١﴾

\*Kijibni isa duraan ittin dhufu. kitaabni isa dura bue , kan isaa kijibsiisu hinjiru

لَا يَأْتِيهِ الْبَطْلُ مِنْ بَيْنِ يَدَيْهِ

\*Kijibni isa boodan itt in dhufu . kitaabni isaa booda bu`ee isa hin kijibsiisu . wanni isa keessa jiru hundi dhugaaa ,gam tokkolleen, kijibni ittin seenu .

وَلَا مِنْ خَلْفِهِ

\*Qur'aanni , Rabbii hikmaa qaburraa

تَنْزِيلٌ مِنْ حَكِيمٍ

42} \*Rabbii dalagaa isaa hundarratti fa-  
arfamurraa ,buufame.yookaa dhufe

حَمِيدٌ ٤٢

\*Ormi kuffaaraa si , kijibsiisuuu jecha  
,waan biraa siin hin jeu , yaa ergamaa  
kiyya Muhammad.

مَا يُقَالُ لَكَ

\*Waan akka anbiyoota si duraatin je`a-

إِلَّا مَا قَدْ قِيلَ لِلرُّسُلِ مِنْ قَبْلِكَ

me yoo taate malee . wanni ergamoota duraatin jeame: falfalaa, kijibaa. Ormi  
kuffaaraa isaaniin jeu' . takkaa waan ergamoota si duraatin jearne malee, Ra-  
bbiin waan biraa siin hin jeu wanni Rabbiin ergamoota si duraatin je' e.

\*Rabbiin kee,kan warra isatti amaneef  
araaramu.

إِنَّ رَبَّكَ لَذُو مَغْفِرَةٍ وَذُو

43} \*Ammallee Rabbiin kee kan warra  
isatti bailee sse qixaaxa jabaa, isaan laa-  
lessuu, qixaaxu.isaan warra kafaree,

عِقَابٍ أَلِيمٍ ٤٣

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, odoo  
kitaaba sirratti buufne kana, afaan aja-  
miin buufnee akka isaan maalif afaan  
ajamiin hin buune .jeanii barbaadanitti

وَلَوْ جَعَلْنَاهُ قُرْءَانًا أَعْجَمِيًّا

\*Wanni silaa je`an .

لَقَالُوا

\*Maalif aayaanni quraanaa afaan ara-  
baa kan nuti beynun , nuun addeeffamin  
? akka manaa isaa beeynuf je`an .

لَوْلَا فَصَّلَتْ أَيْنَهُنَّ

\* Ammas odoo afaan ajamiin buufnee  
wanni isaan jean : si quraanni afaan aja-  
mii , namni inni irratti bue , arabaa ma-  
ali akki kun ? jean . ormi kuffaaraa qur-  
aana matumaanuu didu'uu deema .

أَعْجَمِيٍّ وَعَرَبِيٍّ

\*Wanni orma kuffaaratiin jettu: qura-  
anni , kun, kan warra isatti amaneef qa-  
jeelloo tayu.kan warra isaa dhugo'oo-  
mse karaa gaarii qajeelchu .

قُلْ هُوَ لِلَّذِينَ آمَنُوا هُدًى

\*Qur'aanni kun,kan rnu'rninaaf dawaa  
Qabu ,kan dhukkuba wallaalarraa, dhuk-  
kuba qaamarraa,kan lubbuudharraa  
isaan fayyisu.

وَشِفَاءٌ

\*Ammoo warri quraana , hin dhugo`o-  
omsine

وَالَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ



\*Gurra isaanii keessa, duudurnna' aatu jira. dhukkuba haqa dhagayu 'urraa if guddisuuutu gurra isaanii keessajiraa ,quraana hin dhagayan

فِي آذَانِهِمْ وَقُرْ

\*Inni isaanitti cufamee , manaa isaa hin beekhan.

وَهُوَ عَلَيْهِمْ عَمًى

44} \*Jarri sun akka narna fago`oo itti lallabani, kan waan je'aniin hin beyne qooquma dhagayuu malee, isaan akka horiiti.kan qooqa nama isa oofuu , dhagayuu malee, waan inni je'u , ma'naa isaa , hin beyne

أُولَئِكَ ينادُونَكَ مِنْ مَّكَانٍ بَعِيدٍ ﴿٤٤﴾

\*Dhugumaan nabi muusaaaf kitaaba towraat jemu kenninee jirra.

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ

\*Duuba ummanni isaa, keessatti wal dhabe .gariin dhugo`oomsee . gariin kijibsiisee

فَاخْتَلَفَ فِيهِ

\*Odo Rabbi keetirraa azaaba isaanirraa ,hanga guyyaa qiyaamaatti booda aansun muramee dabruu baatee .

وَلَوْلَا كَلِمَةٌ سَبَقَتْ مِنْ رَبِّكَ

\*Silaa waan irratti wal dhaban keessatti firdiin,isaan jidduutti godhamtee, kan haqarra jiru sawaaba argatee,kan bad-iirra jiru, qixaaxa mudata

لَتُقَضَىٰ بَيْنَهُمْ

\*Warri kitaaba san kijibsiise sun,

وَإِنَّهُمْ

\*Mama, yookaa shakkii keessa jiran

لَفِي شَكٍّ مِنْهُ

45} \*Shakkii shakkii biraa isaan dhalchisu , keessajiran ..

مُرِيبٍ ﴿٤٥﴾

\*Namni addunyaa tanarratti waan gaarii dalage,lubbuma ifiitif dalagate .waan akhiraatti ,sawaaba waan gaarii sanii argatuuf.

مَنْ عَمِلَ صَالِحًا فَلِنَفْسِهِ

\*Ammoo namni waan hamtuu dalage, lubbuma isatti.harntuu dalage .waan qixaaxni isiii aakhiraatti isa eegatuuf,

وَمَنْ أَسَاءَ فَعَلِيَهَا

46} \*Rabbiin kee kan gabroottan isaa miidhuu miti waan hamtuu isaan hin dalaginiif isaan qixaaxee. Waan gaarii isaan dalagan duraa balleessee

وَمَا رَبُّكَ بِظَلَمٍ لِّلْعَبِيدِ ﴿٤٦﴾

\*Beekkomsii gaafa qiyaaman dhaabb-  
attuu gara Rabbiiti deebi'a isuma qofa-  
atu beekaa. isa malee namni biraa hin  
beekhuu.

إِلَيْهِ يَرْدُ عِلْمُ السَّاعَةِ

\*Midhaan,yookaa firiin,hin baatu,

وَمَا تَخْرُجُ مِنْ ثَمَرَاتٍ

\*Daraaraa ,yookaa qolofa. isi'ii keessaa  
,beekkomsa Rabbiitin malee,

مِنْ أَكْمَامِهَا

\*Dhalaan tokkolleen,il moo gara'atti hin  
ba'atu, takkaa rimaya hin fuutu, hin ul-  
fooytu.

وَمَا تَحْمِلُ مِنْ أُنثَىٰ

\*Ammallee dhalaan waa takka hin dha-

وَلَا تَضَعُ إِلَّا بِعِلْمِهِ

lu, hin dayu, beekkomsa Rabbiitin yoo taate. malee. Rabbiin ilmoon gu-  
yyaa hangana, saa'aa hangana.garaa teessi,inni dhala'amoo dhiira ,tok-  
komoo hedduu, yaroo dhaituufii,bakka itti dhaltu, Rabbiin beekha akk-  
anatti adda babaasee kan beeku Rabbi malee hin jiru ammo anbiyooni,  
garii waan sanii beekun,Rabbiin isaan beysisu'uuni ,ammo warri urjii la-  
alufii, warri dhagaa laalu, garii waan sanii beekhun seyiisani, kan hogiin irra  
bu'ee hogiin dhabu waan aada'atti erkataniin waan himan himaniif ,

\*Gaafa Rabbiin orma kuffattaaratiin  
wanni isin shariika kiyya yookaa qindii  
Rabbiiti jettanii gabbartan mee eessa  
jira je'uun dubbadhu ,

وَيَوْمَ يُنَادِيهِمْ أَيْنَ شُرَكَائِيَ

\*Wanni isaan je'an yaa Rabbi hunoo  
amma si beysifnee , takkaa si beysifnaa

قَالُوا أءَآذَنَّاكَ

47} \*Namni tokkolleen, nurraa akka ati  
hariika, yookaa hiriya qabdu. kan raga  
bayu hin jiru jean .

مَا مِنَّا مِنْ شَهِيدٍ

\*Wanni isaan san dura addunyaarratti  
Gabbaruun turan, duraa badee

وَصَلَّ عَنَّهُمْ مَا كَانُوا يَدْعُونَ مِن قَبْلُ

\*Habatan..

وَوَطَّنُوا

48} \*Akka azaabarraa bakkeen itti dhe-  
ysan isaanif hin jirre .

مَا لَهُمْ مِنْ نَّجِيصٍ

\*Ilmi namaa waan gaarii akka horiii ,  
akka fayyaaa Rabbi kadhatuu hin hifatu

لَا يَسْمَعُ الْإِنسَانُ مِن دُعَاءِ الْخَيْرِ

\*Ammoo yoo wannii hamtuun akka hi-  
yuumnaaa rakko'oo isa tuyxe,

وَأَنَّ مَسَّهُ الشَّرُّ

49} \*Rahgmata Rabbirraa garaa mur-  
ataa ,rahgmata hin kajeelu. Kun haala  
kaafiraati

فَيَسُئُ فَنُوطٌ ﴿٤٩﴾

\*Ammoo yoo isaa kennine, isa dhan-  
dhamsiifne,

وَلَيْنِ أَدَفْتَهُ

\*Rahgmata, durummaa, fayyaa,

رَحْمَةً

\*If biraa isaaf kennine ,tola oollefii,

مِنَّا

\*Eega rakkoon, balaan, yookaa darar-  
aan itti buutee takkaa tuyxee,

مِنْ بَعْدِ ضَرَاءٍ مَسَّتُهُ

\*Wanni inni je'u :

لَيَقُولَنَّ

\*Waanin argadhe kana, dalagaa tiyyaa-  
nin argadhe

هَذَا لِي

\*Qiyaaman waan dhaabbattu hin siyuu ,

وَمَا أَظُنُّ السَّاعَةَ قَائِمَةً

\*Akka ergamoonni je'utti, yoo kan qiy-  
aaman dhaabbatu taatee, gara Rabbii  
kiyyaa deebi'e,

وَلَيْنِ رُجِعْتُ إِلَىٰ رَبِّي

\* An jannatan, isa biraa qaba je'a. kunis  
haala kaafiraati kan qiyaamaa shakku .

إِنَّ لِي عِنْدَهُ لَلْحُسْنَىٰ

\*Duuba orma kuffaaraa sanitti odeess-  
u'uuf'teenya

فَلَنَسَبَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\* Waan isaan dalagan balleessaa isaan  
Rabbitti balleessan, isaan agarsiisu'uu  
teenya, isaan qixaaxu'uu jecha

بِمَا عَمِلُوا

50} \*Azaaba jabaa ,isaan dhandham-  
siisu'uu jiraanna

وَلَنُدَيِّقَنَّهُمْ مِّنْ عَذَابٍ غَلِيظٍ ﴿٥٠﴾

\*IImi namaa, kaafira tayuu, islaama ta-  
yuu, hoggaa waan inni fedhu kenning-  
eefii, qananiifne ,

وَإِذَا أَعْمَنَّا عَلَى الْإِنْسَانِ

\*Galata nuuf galchu'urraa garagalee

أَعْرَضَ

\*Haqarraa if guddiseeti, funyaan ol qa-  
bee Rabbiif gad je'urraa fagaata .

وَنَشَأَ بِجَانِبِهِ

\* Ammoo hoggaa wanni hamtuun isa  
tuyxe, yookaa balaan itti buute,

وَإِذَا مَسَّهُ الشَّرُّ

51} \*Inni gaafas nama du'aa'ii, yookaa  
kadhaa, akkaan heddommeysu . Yoo-  
kaa dheeressu

فَذُوْ دُعَاءٍ عَرِيضٍ ﴿٥١﴾

\*Mee dubbii as deemu tanarraa naa odeessaa ? ji'iin

قُلْ أَرَأَيْتُمْ

\*Yoo qur'aanni Rabbirraa kan dhufe tayee kan dhufe tayee,

إِنْ كَانَ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

\*Duuba sanumaan wajji itti kafartan.

ثُمَّ كَفَرْتُمْ بِهِ

52} \*Eenyu namni, nama diddaa, haqarraa fago'oo, keessa jirurra jallate? Namni isarra jal'aa hin jiru jechu'u. namni isinirra haqarraa jallate, hinjirujechu' .

مَنْ أَضَلُّ مِمَّنْ هُوَ فِي شِقَاقٍ بَعِيدٍ ﴿٥٢﴾

\*Alaamaa, yookaa ragaa tokkummaa keenyatiifii, dandeytii teenyaa kuffaara agarsiifna,

سَأْرِيهِمْ ءَايَاتِنَا

\*Naannoo sami'iitifii, naannoo dachiitti

فِي الْأَفَاقِ

ragaan samii keessajiru: akka aduudhatiifijji'aafii, urji'iifii, roobaa . qilleensaati. ammoo ragaan naannoo lafatti Rabbiin nama garsiisu akka; waan mayruu, lagootaa, gaarotaa, ammallee waan kana fakkaatati, sun hundinuu waan yon gad qabani laalan, akka Rabbiin tokkicha dandayaa taye, akka qur'aanni Rabbirraa taye beekan .

\*Ammallee lubbuun isaanii keessatti

وَفِي أَنْفُسِهِمْ

ragaa dandeytii teenyaa, isaanii mul'ifna sun waan uumaa namaa, tan ajaa'ibarraa, namaa mulatuu . waan biraa dhiisii karaan odaanifii fincaanii, waan ajaa'iba nama godhu. mee laali : waan karaa tokkoon seenu, kan karaa lamaan bayu, bakka fooyametti, adda fooyamee. uuman ijaatis , ta gurraatis ta ajaa'ibaati duuba akkanatti nuti aayata, yookaa ragaa dandeytii teenyaa mul'ifna

\*Hanga quraanni kun hgaqaan rabbirraa

حَتَّىٰ يَبَيِّنَ لَهُم أَنَّهُ الْحَقُّ

buufameen, isaanii beekkamutti. hanga wanni inni dubbate , kan akka qabrii kaafarnu'uu, gaafatamuuu , haqaan isaanii beekkamutti kan waan quraanatti amanuu didaniif, waan nama quraanan dhufetti amanuu didaniif , qixaaxaman

\*Si orma kuffaaraa saniif akka ati dhugaa dubbattu, Rabbiin kee, raga tayuun hin gayuu , Rabbiin waa takkalleen irraan dhokkanne.

أَوَلَمْ يَكْفِ بِرَبِّكَ

53} \*Rabbiin kan waa hunda arguu akka

أَنَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ شَهِيدٌ ﴿٥٣﴾

ati dhugaa dubbattu quba qabaa duuba ragaa Rabbiitin if gayanii akka ati ergamaa isaa taate beekhanii, hin amananii?si Rabbiin dhugaa dubbatuu kee,mukgjizaa isaan garsiisee, ragaa sii bayuun akka isaan haqarra hin jirre mukgjizaa isaa garsiisee beysisuun ragaa ati ergamaa kiyya tayuuu beekhanii , gorfamanii hin qajeelanii ?

\*Dhagayaa .jarri kaafiraa sun du'anii qabriii kaafamanii.Rabbii isaanii argu'urraa shakkii keessajiran. waan namni qabriii hin kaafamuu yaadaniif

أَلَا إِنَّهُمْ فِي مَرِيَّةٍ مِّن لِّقَاءِ رَبِّهِمْ

54} \*Dhagayaa Rabbiin waa hunda beekomsaafii humna isaatin marsee jiraa bakkiti ormi kuffaaraa sun itti jalaa bayu hin jirtu. isaan qixaaxu'uu jiraataa , sababaa isaan isatti kafaraniif ,

أَلَا إِنَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ مُّحِيطٌ